

Axeeraraa Koorsii Ph Ed 312

Seensa Bulchinsaa fi Qindoomina Barnootaa Guddinaa fi Jabeenyaa Qaamaa

Sagantaa Dippiloomaa (10 +3) Muummee GJQ barattootaa idilee waggaa 3^{ffaa}, Galgalaa 4^{ffaa} fi dhuma Torbee 4^{ffaaf} kan qopha'ee dha.

Qopheessaan: Bar/Saa Dirribaa Fayyeeraa KBBSHaambuu

Eebila ,2012

Biirroo Barnoota Oromiyaa

Baafata

Fuulaa

BOQONNAA TOKKO	4
1.1.Uumama Bulchinsaa(Nature of Management)	4
1.2.Yaada Hayyoonni hiika Bulchinsa / Hoggansa/ irratti kaa'an	4
1.3.Meeshaalee Ispoortii.	5
1.4. seer bu'uuraalee Bulchinsaa/Hoggansaa	5
1.5.Akkaataa Hoggansaa	6
1.6.Dalagaa Bulchinsaa.	7
1.7.Dandeettii/ogummaa/ Bulchaa.(Management skills)	7
BOQONNAA LAMA	8
2.1.Hiika intiraamulaarii fi Extiraamulaarii.	8
2.2. Barbaachisummaa sagantaa Intermulaarii fi Extermulaarii.	8
2.3.Toornaamentii(Tournament)	9
2.3.1 Tapha Marsaa (Round Robin Tournament)	9
2.3.2.Tapha Gataniid Darbuu.	10
2.3.3.Sagantaa qindoomina tapha marsaa fi tapha gataniid darbuu.	11
2.3.4.Tapha Gataniid darbuu-marsaa.	11
BOQONNAA SADII	12
3.1.Hiika Karoorsuu	12
3.2.Hiika Faasilitii	12
3.3.Barbaachisummaa Karooraa.	12
3.4.Ijaarsa dirree fiigichaa.	12
3.5.Dirree Darbannaa.	13
3.5.1.Dirree darbannaa Waqaraa.	13
3.5.2.Dirree darbannaa Beeddee	13
3.5.3.Dirree darbannaa Eeboo.	13

3.6.Dirree Utaalchaa.	13
3.6.1.Dirree utaalcha laffarraa/dheeraa/ hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.	13
3.6.2.Dirree Utaalcha Tar-sadee hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.	14
3.6.2.Dirree utaalcha olii hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.	14
3.7.Dirree Tapha kubbaawwanii.	14
3.7.1.Dirree tapha kubbaa saaphanaa hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.	14
3.7.2. Dirree tapha kubbaa miilaa hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu	15
3.7.3. Dirree tapha kubbaa Kachoo hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.	15
3.7.4. Dirree tapha kubbaa Harkaa hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu	15
I.QUBEE DEEBII SIRRII QABATE FILADHU.	16

Boqonnaa Tokko

Amala Dhaabbataa fi Bulchinsa Ispoortii.

Seensa

Hoggansi dhaabbata kam keessattuu hojii gareenis ta'e, dhuunfaan waliin hojjechuuf ogummaan barbaachisaa dha. Hogganaan hojii milka'ina qabu hojjechuuf hojii yeroon hin barbaannee bushatee osoo hin ta'iin battaluma sanatti hojjeteti.

Kaayyoo Gooree/BYXGQ/

Dhuma barnootaa kanaa irratti barattoonni:

- ✓ Amala bulchinsaa ni tarreessu.
- ✓ Itti gaafatamummaa barnoota GJQ ni ibisu.
- ✓ Yaad hiddamaa fi seer bu'uuraalee bulchinsaa ni tarreessu.
- ✓ Akkaataa hoggansaa hojii isaanii duuka ni ibsu.

1.1. Uumama Bulchinsaa (Nature of Management)

 Bulchinsi Aartii fi Saayinsii dha. kana yeroo jedhamu:

- **Bulchinsi Aartii dha** kan jedhamu, barnootaan osoo hin taanee uumamaan kan argatani dha.
- **Bulchinsi Saayinsii dha** kan jedhamu, dandeettii hogganaan adeemsa barnootaa keessatti beekumsa argateen hogganuu danda'u dha.
- **Bulchinsi Makaa Aartii fi Saayinsiiti.**

1.2. Yaada Hayyoonni hiika Bulchinsa / Hoggansa/ irratti kaa'an.

 Akka **Joorji Teerii** jedhutti ,bulchinsa /bulchaa/ jechuun adeemsa galmaga'insa dhaabbata tokko keessatti humna namaa fi itti fayyadama qabeenyaa irratti **karoorsuu, walitti qabuu fi to'achuu** irratti kan hojjetu dha.

 Akka **Mc Farland** jedhutti hoggansa jechuun adeemsa hojii dhaabbata tokko keessatti gaggeessaan **waa uumuun, qajeelchuu, eeguu fi gargaaramuun** kaayyoo hojii dhaabbatichaa galmaan geessisuuf tooftaa fooyya'aa taasisuun qabeenyaa fi humna namaa waliin qindeessuu fi waltumsaa hojjechuu dha.

- Jechi hoggansa jedhu daldalaa fi gocha diinagdee waliin wal-qabaataa dha.

1.3.Meeshaalee Ispoortii.

Meeshaaleen ispoortii bakka **lamatti** qoodamu:

❖ **Meeshaalee Dhumeeyyii**

FKN.

- ✓ Kubbaalee adda addaa
- ✓ Uffata Ispoortii
- ✓ Kophee
- ✓ Eeboo
- ✓ Rakkeettii
- ✓ minjaala
- ✓ Saaphaana adda addaa fi KKf

❖ **Meeshaalee Dhaabbataa**

FKN.

- Beeddee
- Waqaraa
- Amartii Kachoo
- Meeshaalee qiriphaa sibiila irraa tolfaman
- Daampilii/Ulfaatina sibiila irraa tilfame/ fi kkf

1.4. seer- bu'uuraalee Bulchinsaa/Hoggansaa.

Seer -bu'uuraalee hoggansaa keessaa murasni:

1.Kaayyoon hoggansaa maal akka ta'e hubachuu.

2.Karoorfachuu

Karoora yeroo karorfannu kan **beekuu fi irratti xiyyeffachuu** qabnu:

- ✓ Karoorichi ifa ta'uu isaa
- ✓ Karoorichi galma gahuu danda'uu isaa
- ✓ Karoorichi yeroon addaan bahee ta'uu isaa.(dheeraa fi gabaabaa)
- ✓ Karoorichi kaayyoo barbaadame duuka deemuu isaa

3.Fedhii fi qabeenya dhaabbilee ilaalcha keessa galchuu.

4.Yaada kennamuu fi dhugaa ta'e tokkoof ulfina kennu.

5.Waldaan fedhii barbaadame bira gahuu akka qabu gochuu.

6.Akkaataa barbaachisummaa hojiidhaan itti gaafatamummaa fudhachuu.faaayidaansaa:

- ✓ Hojii yeroo gabaabaa kessatti xumuruuf.
- ✓ Namni hundi ittigaafatamummaa akka fudhatuuf
- ✓ Dandeetii hubannaa namaa cimsa.

7.Itti Gaafatamummaa kennuu.

8.Hojii hojjetameef beekamtii kennuu.Faayidaan isaa:

- ✓ Amanamummaan akka dagaagu taasisa.
- ✓ Currisa gaarii nama keessatti hora.
- ✓ Hojiif nama kakaasa.
- ✓ Ofitti amanamummaa namaa keessatti dagaagsa.
- ✓ Dandeettii waa yaaduu namaa gabbisa.
- ✓ Milka'ina itti fufaa akka horatan nama taasisa.

1.5.Akkaataa Hoggansaa.

Amala gaggeessummaa isaa irratti hundaa'uun bakka **afuritti** qoodamu.

A.Haala hoggansa daangaha hin qabne.

Haalii hoggansaa kun amala hojjetaan murtoo mataa isaa fudhatee akka hin hojjenne to'annoo irratti gochuun deeggarsaa fi yaada hanga muraasa darbee darbee garee /miseensa/ hojjetoota bulchinsaa irraa fudhachuun beekama.

Amala hoggansa daangaha hin qabnee:

- ✓ Yaada xiqqoo hojjetootaa irraa fudhachuu/siruma dhiisuu.
- ✓ Murtoo qofaa taa'uun dabarsuu
- ✓ Waan hogganaan jedhe qofatu fudhatama qabaachuu

Haalli hoggansa daangaha hin qabnee hojii keessatti:

- Hojjetoota adabuu fi dhiibbaa irratti geessisuu.
- Amantaa hojjetoota irra hin ka'u.
- Yaada hojjetoota irraa hin fudhatu.

B.Akkaataa Hoggansa Birokiraasii.

Akkaataan hoggansaa kun seera dawoo godhachuun,seera jabeessee waan inni jedhu malee hin ta'u,anuma qofatu beeka amala jedhu kan agarsiisuu dha.

C.Akkaataa Hoggansa Maalnadhibdee.

Hojiin hojjetamu tokko hirmaattota bakka buusuun akka fedha isaaniitti kallattii tokko male akka hojiin hojjetamu taasisuu dha.

Amalaa fi akkaataa hoggansa maal nadhibdee:

- Hogganaan qajeelcha xiqqoo kenna.
- Hojjettoonni murtoo fudhachuuf mirga guutuu qabu.
- Hogganaan meeshaa fi qabeenya barbaachisoo ta'an guuta.
- Hojjettoonni gareen rakkoo dhaabbatichaa furu.
- Hogganaan duubdeebii fi yaadaa fudhachuuf banaa ta'uusaa.
- Hojjettoonni dandeettii ogummaa fi kaka'umsa hojii qabu.

D.Akkaataa hoggansa dimokiraata'aa/Dimokiraasii/

- **Liwiis** akka jedhutti hojjettoonni murtoo fudhachuun hojii keessatti hirmaachisa jedhee amana.
- Haalota hooggansaa hundumaa caalaa mijataa fi bu'aa qabeessa dha.

1.6.Dalagaa Bulchinsaa.

Bulchinsi hojii adda addaa hojjeta.Isaanis **Shani:Karoorsuu,Gurmeessuu,Qajeelchuu,To'achuu** fi hojjetaa dhaabbataa guuttachuu dha.

1.7.Dandeettii/ogummaa/ Bulchaa.(Management skills)

- ✚ Gadi fageenyaan yaaduu.
- ✚ Amala Jijjirachuu.
- ✚ Dandeettii bal'aa qabaachuu.
- ✚ Hariiroo Cimaa Qabaachuu.
- ✚ Hogganuu.
- ✚ Yaadaa isaa/ishee jechaan ibsachuu.
- ✚ Dhiibbaa dhuunfaa ,hubannaa gaarii fi ofitti amanamummaa qabaachuu.
- ✚ Dhiibbaa dandamachuu.
- ✚ Ga'ee hogganummaa qabaachuu.
- ✚ Of madaaluu.
- ✚ Dandeettii bu'uura kan dhuunfaa qabaachuu.
- ✚ Obsa qabaachuu
- ✚ Barreeffamaan walii galuu/barreeffamaan yaada ofii ibsachuu danda'u/.

Boqonnaa Lama

Sagantaa Dorgommii keessaa fi alaa (Intramular and Extramular program)

Seensa

Sagantaan dorgommii kun adeemsa baruu barsiisuu cinaatti walitti dhufeenyaa hawaasaa mana barumsaa fi hawaasaa naannoo walitti fiduun ilaalchaa fi hubannoon waliif qaban akka dagaagfachaa deemaan kan taasisu dha.

Kaayyoo Gooree/BYXGQ/

K/Barsiisotaa dhuma barannoo kana booda :

- Intiraamulaarii fi Extiraamulaariin maal akka ta'e ni tarreessu.
- Akkaataa dorgommiin adda addaa iti gaggeeffamu ni ibsu.
- Garaagarummaa intiraamulaarii fi extiraamulaarii ni ibsu.

2.1.Hiika intiraa-mulaarii fi Extiraa-mulaarii.

Intiraa-mulaarii jechuun dorgommii miseensa dhaabbata tokko keessatti argaman gidduutti gaggaaffamu dha.

FKN.

- **KBB Shaambuu keessatti** K/Barsiisotaa muummee **GJQ** sagantaa idilee waggaa sadaffaa daree “A” fi K/Barsiisotaa muummee **Herregaa** sagantaa Galgalaa waggaa saddaffaa daree” B” giddutti gaggeeffame.(GJQ V Herrega)

Extiraa-mulaarii jechuun Wal-dorgommii dhaabbani adda addaa lama fi isaa ol walduuka taasisu dha.

FKN

- KBBAsallaa V KBBAadoolaa
- KBBShaambuu V KBBNaqamtee
- KBBBUlee Horaa V KBBYaaballoo

2.2. Barbaachisummaa sagantaa Intiraa-mulaarii fi Extraa-mulaarii.

- ❖ Walitti dhufeenyaa dhaabbilee cimsa.
- ❖ Muuxannoo gaggaarii babal'isuuf gargaaraa.
- ❖ Carraa dorgommii bal'isa .
- ❖ Bashannanaa fi akka itti bohaaran taasisa.
- ❖ Fayyummaa hawwaasaa jabeessa.
- ❖ Walitti dhufeenya cimsa.
- ❖ Aadaa walin hojjechuu fi waliin yaaduu cimsa.

- ❖ Miiraa jaalalaa nama keessatti hora.
- ❖ Aaraadaa adda addaa irraa bilisa nama taasisa.
- ❖ Naamusa gaarii akka namni qabaatuu godha.
- ❖ Miira wal dorgommii dagaagsa.
- ❖ Dandeetii namni qabu mul'isuu fi cimsuuf gargaara.
- ❖ Qaamaan,sammuu fi hawaasummaan akka dagaagan nama taasisa.

2.3.Toornaamentii(Tournament)

Toornaamentii jechuun sagantaa wal dorgommii adda addaa akkaataa barbaachisummaa isaatii qopheessuu dha.

2.3.1 Tapha Marsaa (Round Robin Tournament)

- Gareewwan hundumtuu carraa walin taphachuu qabu.
- Gareen mo'ee **qabxii 3** argata,qixa kan bahe **qabxii 1** argata, kan **mo'ame 0** argata.
 - ❖ Tapha marsaa keessatti gareen tokko bayyiina garee irratti hunda'uun tapha meeqaa taphachuu akka qabu beekuuf **foormulaa** kana fayyadamna.

Baayina Tapha Garee Tokkoo(BTGT) = **n-1**

FKN.Baayyinni **garee 8** yoo ta'e baayyinni tapha **garee tokkoo** meeqa ta'a?

$$BTGT=n-1 =8-1 =\underline{7}$$

- ❖ Tapha marsaa keessatti baayyina tapha waliigalaa argachuu **foormulaa** kana fayyadamna.

$$\text{Baayyina Tapha waliigalaa(BTW)}=\frac{n(n-1)}{2}$$

Baayyinni **garee 8** yoo ta'e baayyinni tapha **walii galaa meeqa** ta'a?

$$BTW=\frac{n(n-1)}{2}=\frac{8(8-1)}{2}=\frac{8(7)}{2}=\frac{56}{2}=\underline{28}$$

🏆 Ramaddiin taphaa baayyina garee 8^{ttiif} akkaataa armaan gadiin gaggeeffama.

Garee. 1, 2, 3, 4, 5, 6, 7, 8

M1	M2	M3	M4	M5	M6	M7
1v8	2v8	3v8	4v8	5v8	6v8	7v8
2v7	3v7	4v7	5v7	6v7	7v1	6v1
3v6	4v6	5v6	6v2	4v1	5v2	5v3
4v5	1v5	1v2	1v3	3v2	4v3	4v2

- Baayyinni garee taphaaf dhiyyaatanii guutuu yoo ta'e **baayyinnii garee baayyina marsaa tokkoon** caalaa. Garuu qeenxee yoo ta'e **walqixa** ta'u.
- 🚦 Baayyinni garee keenyaa qeenxee yoo ta'e, **marsaa tokko keessatti gareen tokko osoo hin taphatiin darba**, kunis “bye” jedhama.

FKN. Baayyini Garee 7 yoo ta'e akkaataa armaan gadiin ramaddii gaggeessina.

bay <u>7</u>	bye <u>6</u>	bye <u>5</u>	bye <u>4</u>	bye <u>3</u>	bye <u>2</u>	bye <u>1</u>
1v6	7v5	6v4	5v3	4v2	3v1	2v7
2v5	1v4	7v3	6v2	5v1	4v7	3v6
3v4	2v3	1v2	7v1	6v7	5v6	4v5

2.3.2. Tapha Gatani Darbuu.

Taphni gatani darbuu karaa lamaan gaggeeffamuu danda'a.

1. Gatani darbuu qeenxee.

Tapha kana keessatti gareen mo'ame **carraa tapha deebi'ee taphachuu hin argatu**. kan mo'e itti fufa.

FKN. Tapha garee 4 gidduutti gaggeeffamu yoo ilaallu haala armaan gadii kanaan xumurama.

Garee. 1, 2, 3, 4

1v4 = 1 mo'e 1v3 = 3 garee mo'ate.

2v3 = 3 mo'e

2. Gatani darbuu dacha.

Tapha kana keessatti gareen tokko hamma **lama** mo'atamutti tapha /dorgommii/ keessaa tura.

$$1\text{Mo'e} \leftarrow 1v3 = 3 \text{ Mo'ame} \quad 2 \text{ mo'ame} \leftarrow 2v4 \rightarrow 4 \text{ mo'e} = 4v1 \rightarrow 4\text{mo'e}.$$

$$\text{Mo'ame } 3 \leftarrow 3v2 \rightarrow 2 \text{ mo'e}$$

Mo'attootaa keessaa isa mo'ee fi mo'amtootaa keessaa gara duubatti kan mo'e dhuma irratti waliin taphachuun mo'ataan adda baha.

4v2 → 2 mo'ataa dha.

2.3.3.Sagantaa qindoomina tapha marsaa fi tapha gatanii darbuu.

Gareen tapha marsaa keessatti qabxii kuufateen ramaddii isaanii keessaa qabxii caalmaa yoo qabate gara tapha gatanii darbuutti cee'a.

2.3.4.Tapha Gatanii darbuu-marsaa.

Gareen taphaaf dhiyyaatan baayyee yoo ta'e mala kana fayyadamna.

Boqonnaa Sadii

Karoorsuu fi Ijaarsa Faasilittiwwanii

3.1.Hiika Karoorsuu

Karoorsuun adeemsa kaayyoo barbaadamu, akkaataa itti galma gahuu fi adeemsa hojii fuulaa duraa haala kamiin akka raawwachuu dandeenyu kan karaa nutti agarsiisu dha.

- Adeemsa karoora keessatti kanneen hammataman murasni:
 - ✓ Kaayyoo/galma bira ga'amu adda baasuu.
 - ✓ Tarsiimowwaan/mala ittiin bira ga'aman qindeessuu.
 - ✓ Waantota barbaachisan tartiibessuu.
 - ✓ Sadarkaalee fi tartiibota hojiirra oolmaa isaanii to'achuu fi gaggeessuu.

3.2.Hiika Faasilitii

Meeshaalee gochawwaniif haala mijeessuu dha./bakkeewwan sochiif ta'anii fi meeshaalee sochiif barbaachisan guutuu dha./

3.3.Barbaachisummaa Karoora.

Karoorri faayidaalee kannin qaba:

- Saffisa hojii dabala.
- Rakkoowwan mudachuu danda'u hir'isa.
- Gurmaa'ina gaariif haala mijeessa.
- Kallattii namatti agarsiisaa.
- To'annoo gaarii akka jiraatu godha.
- Kaayyooleen akkaataa barbaadameen galmaan geesisuuf.
- Kaka'umsa hojii nama keessatti uuma.
- Wanta haaraa hojjechuuf nama kakasa.

3.4.Ijaarsa dirree fiigichaa.

Dirreen fiigichaa sadarkaa isaa eege fi dorgommiin guutuu addunyaa irratti geggeffamu dheerina **meetira 80.36 fi raadiyesii 38.1m** qabuu fi kan biraa immoo dirree dheerina **meetira 84.39 fi raadiyesii 36.5m** qabu dha.**Kitaaba irraa fuulaa 53 ilaalaa.**

3.5.Dirree Darbannaa.

Darbannaa kan jedhaman **darbannaa Waqaraa,darbannaa Beeddee,darbannaa Eeboo**

3.5.1.Diirree darbannaa Waqaraa.

❖ **Dirree darba waqaraa hojjechuuf kan inni of keessatti hamatu.**

- Diyaametira geengoo **2.7345m**
- Kofa waqaraan keessa qubatu **34.92⁰**
- Dheerinni sarara daanga waqaraan keessa qubatu **25m**.
- Dheerina saanqaa fuulduraa **10cm**
- Bal'ina sararootaa **5cm**

❖ **Dirree darba Beeddee hojjechuuf kan inni of keessatti hamatu.**

- Diyaametira geengoo **2.50m**
- Kofa waqaraan keessa qubatu **34.92⁰**
- Dheerinaa fi bal'ina shiboo balaa ittisu **6mx5m**
- Bal'ina sararootaa **5m**

❖ **Dirree darba Eeboo hojjechuuf kan inni of keessatti hamatu.**

- ✓ Kofa qubannaa eeboo **34.92⁰**
- ✓ Dheerina bakka qubannaa eeboo **100m**
- ✓ Bal'ina iddoo qubannaa eeboo **25 m**

3.6.Dirree Utaalchaa.

3.6.1.Dirree utaalcha laffarraa/dheeraa/ hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.

- ✓ Bal'ina lafa irratti utaalamu **2.75m-3m**
- ✓ Dheerina lafa irratti utaalamu **10m**
- ✓ Dheerina fi bal'ina sarara fiiginsa ariitii **40mx 1.22m**
- ✓ Bal'ina saanqaa ka'umsaa **20cm**
- ✓ Fageenyaa boolla utaalchaa fi saanqaa gidduu jiru **1m**.

3.6.2.Dirree Utaalcha Tar-sadee hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.

- Dirree utaalcha laffarraa duuka kan wal fakkaatu ta'ee ,dirreen utaalcha **tar-sadee** sanqaa ka'umsaa **lama** qaba.Saanqaan tokko bakkuma kan utaalcha laffarraa yoo ta'u,inni lammaffaan immoo bakka hooppin itti raawwatu ta'ee,saanqaa jalqabaa irraa gara duubatti **dhiiraaf meetira 13 fi dubaraaf/shamarraniif/meetira 11** fagaatee argama.bakki qubanna meetira 7-9 ta'a.

3.6.2.Dirree utaalcha olii hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.

- Afata/firaashii/ **4mx5m**
- Gargar fageenyii muka lamaanii/dhaabaa/ **4m-4.04m**
- Dheerina ulee **3.98-4.02m**
- Furdinni afataa **0.75m/75m**
- Bakki fiiginsa ariitii **26m**
- Ulfaatina ulee **2kg**
- Utubaa ulee baatuu **0.40cm x0.60cm**

3.7.Dirree Tapha kubbaawwanii.

3.7.1.Dirree tapha kubbaa saaphanaa hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.

- ✓ Dheerina dirree 18m
- ✓ Bal'ina dirree 9m
- ✓ Zoonii duubaa 6m
- ✓ Zoonii duraa 3m
- ✓ Dheerina utubaa saaphanaa dhiiraaf 2.43m
- ✓ Dheerina utubaa saaphana dubaraaf/shamaraaf/ 2.24m
- ✓ Dheerina saaphanaa 10m
- ✓ Balina saaphanaa 1m
- ✓ Dheerina Anteenaa 1.8m ta'ee ,saaphanaa ol 0.80m ta'a.

3.7.2. Dirree tapha kubbaa miilaa hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.

-  Dheerinni dirree 90m,100m,110m fi 120m
-  Bal'ina dirree 45m,64m,75m fi 90m
-  Sarara galii 5.5m
-  Sarara adabbii/penality area/ 16.5m
-  Iddoo rukutaa bilisaa 11m
-  Bal'ina galii 7.32m
-  Dheerina utubaa galii 2.44m
-  Iddoo rukutaa suuqqaa 1m
-  Dheerina muka alaabaa 1.50m
-  Raadiyesii geengoo walakkaa dirree 9.15m

3.7.3. Dirree tapha kubbaa Kachoo hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.

- Dheerina dirree 28m
- Bal'ina dirree 15m
- Dheerina sarara dhorkaa 4.9m
- Bal'ina sarara dhorkaa 5.8m

3.7.4. Dirree tapha kubbaa Harkaa hojjechuuf kan inni of keessatti hammatu.

- Dheerina dirree 40m
- Bal'ina 20m
- Sararootaa dirree 5cm
- Bal'ina galii 3m
- Dheerina galii 2m
- Naannoo galii 6m
- Sarara adabbii darboo bilisaa 9m
- Fageenya bakka dhaabbii galii eegaa yeroo darba adabbii bilisaa 4m.
- Bakka darba adabbii bilisaa 7m.

I.Qubee Deebii Sirrii Qabate Filadhu.

____1.Hogganaa jechuun adeemsa galma ga'insa dhaabbata tokkoo keessatti human namaa fi itti fayyadamummaa qabeenyaa irratti karoorsuu,walitti qabuu fi to'achuu kan hojjetudha hayyuun jedhe kami?

A.Mc.Farland B.Joorii Teerii C.P.Chelladuuran D.deebii hin qabu.

____2.Bulchinsi:

A.Aartii dha B.Saayinsii dha C.Aartifi saayinsiis miti D.A fi B n deebii dha.

____3.Bulchinsi aartiidha yeroo jedhamu dhalootaan osoo hin taanee barnootaan kan argamu dha.

A.Haqa B.Dhugaa C.Dhara D.Soba E.C fi D n deebii dha.

____4.Bulchinsi saayinsii dha kan jedhamu barnootaan osoo hin taanee dhalootaan kan argamu dha.

A.Haqa B.Dhugaa C.Dhara D.Soba E.A fi B n deebii dha. F.C fi D n deebii dha.

____5.Sirrii kan ta'e kami?

A.Bulchinsi aartiidha kan jennu barnootaan osoo hin taanee dhalootaan kan argamu dha.

B.Bulchinsi saayinsiidha kan jennu dhalootaan osoo hin taanee barnootaan kan argamu dha.

C.Bulchinsi Aartii fi saayinsii dha.

D.Hunduu deebii dha.

E.Deebii hin qabu.

____6.Adda kan ta'e kami?

A.Uffata ispoortii B.Saaphana C.Gosoota Kubbaa adda addaa D.Waqaraa

____7.Meeshaalee dhaabbataa jalatti kan ramadamu kami?

A.Beeddee B.Amartii kachoo C.Daampilii/ulfaatina sibila irraa tolfame/ D.hunduu deebii dha.

____8.Barbaachisummaa bulchinsaa /hoggansaa /ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?

A.hoggansa bu'aa yaadame fiduu danda'u horachuu.

B.Hariiroo gaarii keessoo fi ala dhaabbata tokko keessatti qabaachuu.

C.Kaayyoo dhaabbata keessa hojjetuu galmaan geessisuu dhiisuu.

D.A fi C n deebii dha. E. A fi B n deebii dha.

____9.Karoora yeroo karoorfannu kanneen beekuu fi itti xiyyeeffachuu qabnu kan ibsu kami?

A.Karoorichi ifa ta'uu dhiisuu. B.Karoorichi galma gahuu danda'uu isaa
C.Karoorichi addaa bahee ta'uu dhabuu isaa D.Kayyoo jalqabaa waliin deemuu dadhabuu isaa.

___10.Seer bu'uuraalee hoggansaa jalatti kan hin ramadamne kami?

A.Karoorfachuu B.Kaayyoo hoggansaa maal akka ta'e hubachuu.
C.Itti gaafatamummaa kennuu D.Hojii hojjetameef beekamtii kennuu.E.hunduu deebii dha.

___11.Amala hoggansa bulchinsa daanga hin qabnee kan hin taanee kami?

A.Murtoo qofaa ta'uun fudhachuu. B.Yaada xiqqoo hojjetootaa irraa fudhachuu /siruma dhiisuu.
C.Waan hogganaan jedhe qofatu fudhatama qabaachuu. D.deebii hin qabu.

___12.Amala hoggansa maal nadhibdee kan ta'e kami?

A.Hogganaan qajeelcha xiqqoo kenna B.Hojjettoonni murtoo fudhachuuf mirga guutuu qabu.
C.Gareen hojjettoonni rakkoo dhaabbatichaa furuu D.Hogganaan yaadaa fi dugduubee fudhachuuf
banaa ta'uusa. E.Hunduu deebii dha F.deebii hin qabu.

___13.Dalaga bulchinsaa kan ta'e kami?

A.Karoorsuu B.Gurmeessuu C.Qajeelchuu D.To'achuu E.A fi B n deebii dha. F.Hunduu deebii
dha.

___14.Dandeettii bulchaa/bulchinssaa/kan hin ibsine kami?

A.Gadi fageenyaan yaaduu dhabu. B.Hariiroo cimaa qabaachuu
C.Dhiibbaa dandamachuu D.Obsa qabaachuu

___15.Wal dorgommiin kubbaa miilaa KBB shaambuu fi KBBBulee Horaa giddutti gaggeeffame kan
ibsu kami?

A.Inteer -mulaar B.Exteer-mulaar C.Tapha marsaa D.Tapha gatanii darbuu

___16.Wal dorgommii kubbaa saaphanaa KBB cirootti barattoota muummee Herregaa waggaa sadaffaa
idilee daree A fi barattoota mummee GJQ waggaa sadaffaa idilee Daree B gidduutti gaggeeffame kan
ibsu kami?

A.Inteer -mulaar B.Exteer-mulaar C.Tapha marsaa D.Tapha gatanii darbuu

___17.Barbaachisummaa sagantaa inteer-mulaarii fi Exteer-mulaarii kan ta'e kami?

A.Carraa dorgommii baldhisa B.Miira wal dorgommii barattoota giddutti dagaagsa.
C.walitti dhufeenyaa hawaasummaa cimsa. D.hunduu deebii dha.F.deebii hin qabu.

___18.Barbaachisummaa Exteer- mulaarii kan hin taanee kami?

A.Walitti dhufeenya dhaabbilee barnootaa cimsa. B.Muuxannoo gaggaarii babal'isuuf gargaara.

C.Muuxannoo dabarsuu keessatti gahee hin qabu. D.A fi B n deebii dha.

___19.Sagantaa wal dorgommii adda addaa akkaataa barbaachisummaa issaatti qopheessuun ___jedhama.

A.Tapha marsaa-gatanii darbuu

B.Tapha gatanii darbuu –marsaa

C.Toornaamentii

D.deebii hin qabu.

___20.Wal- dorgommii qindaa'aa gaggeessuuf ilaalcha keessaa galchuun barbaachisaa kan ta'e kami?

A.Yeroo B.Gosa wal-dorgommii C.Faasiliitii fi meeshaalee jiru D.Baayyina garee taphaaf dhiyyaatan E.hunduu deebii dha.

___21.Tapha marsaa keessatti gareen mo'e tokko qabxii meeqa argata?

A.0 B.2 C.1 D.3

___22.Tapha marsaa ilaalchisee sirrii kan hin taanee kami?

A.Gareen mo'ame qabxii 1 argata. B.Gareen qixa bahe qabxii 1 argata. C.Gareen hunduu tapha wal-qixa taphatu. D.B fi C n deebii dha. E.deebii hin qabu.

___23.Tapha marsaa keessatti baayyini garee dorgommif dhiyyaate 12 yoo ta'e ,baayyini tapha garee tokkoo meeqa ta'a?

A.12 B.11 C.24 D.22

___24. Tapha marsaa keessatti baayyini garee 12 yoo ta'e ,baayyinni tapha waliigalaa meeqa ta'a?

A.66 B.33 C.11 D.12

___25.Tapha marsaa keessatti lakkofsi garee guutuu yoo ta'e,baayyinni garee baayyina marsaa ___Caalaa.

A.2 B.3 C.1 D.4

___26.Tapha marsaa keessatti baayyini garee qeenxee yoo ta'e,baayyinni garee fi marsaa ___ta'a.

A.Tokkon caalaa B.Walqixa ta'a. C.Lamaan caalaa D. Sadiin caala

___27.Tapha marsaa keessatti baayyini garee keenyaa qeenxee yoo ta'an,gareen tokko marsaa tokko osoo hin taphatiin "bye" n darba.

A.Soba B.Dhugaa C.Dhara D.deebii hin qabu.

___28.Bye jechuun;

A.Garee mo'ate dha. B.Garee mo'ame dha. C.Garee marsaa keessatti osoo hin taphatiin darbu dha.

D.Hunduu deebii dha.

___29.Tapha gatanii darbuu qeenxee ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?

A.Gareen yeroo tokko mo'ame deebi'ee taphachuu hin danda'u.

B.Gareen hanga dhumaatti mo'e geebaa/waancaa/fudhata.

C.Gareen tokko hanga lama mo'amutti dorgommii keessa tura.

D.hunduu deebii dha. E.A fi B n deebii dha.

___30. Tapha gatanii darbuu dachaa ilaalchisee sirrii kan ta'e kami ?

A.Gareen yeroo tokko mo'ame deebi'ee taphachuu hin danda'u.

B.Gareen hanga dhumaatti mo'e geebaa/waancaa/fudhata.

C.Gareen tokko hanga lama mo'amutti dorgommii keessa tura.

D.hunduu deebii dha. E.A fi B n deebii dha.

___31.Tapha qindoomina gatanii darbuu -marsaa ilaalchisee sirri kan ta'e kami?

A.Mala kana gareen taphaaf dhiyyaatan baayyee yoo ta'an fayyadamna.

B.Tapha marsaa jalqabaa keessatti gareen ramaddii saanii keessaa mo'atan tapha itti aanutti darbu.

C.Rammadin jalqaba gaggeeffamu tapha marsaati.

D.A fi B n deebii dha. E. B fi C n deebii dha.

___32.Tapha gatanii darbuu garee saddet/8/ giddutti gaggeeffame booda gareen darban meeqa?

A.6 B.8 C.4 D.2 E.1

___33.Kanneen armaan gadii keessaa barbaachisummaa karoora kan ta'e kami?

A.Saffisa hojii dabala B.Kaayyoo galmaan geessisa B.Murtoo laachuu gargaara

D.hunduu deebii dha.

___34. Kanneen armaan gadii keessaa kan saalaan hin daangeffamne kami?

A.Dirree tapha kubbaa saaphaanaa B.Ulfaatina beeddee C.Ulfaatina waqaraa D.Ol dheerina saaphana kubbaa saaphanaa

___35. Safartiin dirree kubbaa harkaa idil addunyaa kan ta'e kami?

A.15mx28m B.20mx40m C.9mx18m D.64mx100m

__36. Dirreen fiigichaa sadarkaa isaa eeggate fi dorgommiin guutuu addunyaa irratti gaggeffamu sarara qajeelaan dheerina meetira 80.36 ta'eef raadiyeesi isaa kan ta'e kami?

A. 84.39m B. 36.5m C. 38.1m D. 100m

__37. Dirreen fiigichaa sadarkaa isaa eeggate fi dorgommiin guutuu addunyaa irratti gaggeffamu sarara qajeelaan dheerina meetira 84.39 ta'eef raadiyeesi isaa kan ta'e kami?

A. 84.39m B. 36.5m C. 38.1m D. 100m

__38. Dirree darbannaa waqaraa ilaalchisee sirrii kan hin taanee kami?

A. Bal'inni sararootaa seentimeetira 5 ta'a. B. Kofa waqaraan keessa qubatu 34.92⁰

C. Diyaameetira geengoo 2.1345m D. Deebii hin qabu

__39. Dirree darbannaa beeddee ilaalchisee sirrii kan ta'e kami?

A. Diyaameetirii geengoo 2.5m B. Kofa iddoo qubannaa beeddee 34.92⁰

C. Balina sararootaa seentimeetira 5 D. hunduu deebii dha.

__40. Ijaarsa dirree kubbaa miilaa keessatti lakkofsii dheerinaa fi bal'ina keessatti argamu kami?

A. 120m B. 90m C. 75m D. 100m

II.Deebii Gaaffilee.

1.B	13.F	25.C	37.B
2.D	14.A	26.B	38.D
3.E	15.B	27.B	39.D
4.F	16.A	28.C	40.B
5.D	17.D	29.E	
6.D	18.C	30.C	
7.D	19.C	31.D	
8.E	20.E	32.C	
9.B	21.D	33.D	
10.E	22.A	34.A	
11.D	23.B	35.B	
12.E	24.A	36.C	

KBBShaambuu.

Bar/saa DIRRIBAA FAYYEERAA

Eebila, 2012